**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v2i2.1162**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 39-55**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

**Qorannoo Asilii**

# Qeeqa Hawaasummaa Walaloo Sirboota Oromoo Filatamanii: Xiinxala Ergaawwan Sirboota Eebbisaa Addunyaa

Dheeressaa Faqqadaa[1*], Ashannaafii Balaay[2*], Waaqtolaa Waaqjiraa [3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Sirbi Oromoo baroota dheeraaf meeshaa ittiin aadaan sabaa ibsamu, seenaan kunuunfamuufi dhimmootni hawaasummaa qeeqamu ta'uun tajaajilaa tureera. Yeroo ammaa kanas, sirbootni Oromoo tajaajila bohaarsuutti dabalataan faayidaa dhimmoota hawaasummaa qeequufi sirreessuu irratti fuullefachaa jiru. Barruun qorannoo kunis Qeeqa Hawaasummaa Walaloo Sirboota Oromoo filataman xiinxaluu irratti fuulleffate. Kallattiin immoo walaloon dhimmoota hawaasa Oromoo mudatan dhiyeessaniifi qeeqan irratti xiyyeeffata. Barruun kun qabiyyeewwan walaloo sirbaafi teeknikoota isaan ittiin dhiyaatan xiinxaluun, watwaata artistootaa ibsuufi qeeqa hawaasummaa hojiilee isaanii keessatti ammataman addeessuu irratti xiyyeeffata. Kana galmaan gahuufis mala iddatteessuu kaayyeffataa fayyadamuun sirboota Eebbisaa Addunyaa kallattii qeeqa xinhawaasummaatiin xiinxalamaniiru. Xiinxala taasifame kana irraas walalooleen sirboota filatamanii qabiyyeewwan mudannooleefi taateewwan hawaasummaa Oromoo keessatti mul'atan kan qeeqaniifi watwaannaa artistoota Oromoon kan guutaman ta'uu hubatameera. Sirboota Eeebbisaa keessatti qeeqni xiyyeeffannoo argatu dhimmoota sarbamuu mirga dhala namaa, haqa dhabuu, Moggeeffamuu, Loogamuu hawaasaafi fakkoommiiwwan adda addaa irratti xiyyeeffata. Qabiyyeewwan qeeqaa kana bifa humna qabuun dhiyeessuu keessatti teeknikootni fakkee, anyarsee, nameessaa hedduminaan hojiirra oolfamaniiru. Xinxala gaggeeffamerratti hundaa'uun walalooleen sirboota Oromoo filataman kunneen jijjiirama hawaasummaa fiduudhaaf watwaannaa hedduu akka kaasan hubachuun ni danda'ama. Kanafuu, sagaleewwan jiruufi jireenya hawaasaa qaruu keessatti bakka ol'aanaa qabaatan kunneen irratti qorannoon kallattii gara garaa adeemsifamuu akka qabu barruun kun fuulcha kenna.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 19-09-2024
Revised: 02-10-2024
Accepted: 21-11-2024

***Jechoota Ijoo:***
*muuziqa Oromoo, qeeqa hawaasummaa, walaloo sirbaa, dhimmoota hawaasaa*

**Qorataa Muummee:*
*Dheeressaa Faqqadaa*

*E-mail:*
derofeke@gmail.com

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## Seensa

Sirbi addunyaa kana ibsuuf oolu keessaa humnaa olaanaa qaba. Sirbi humna olaanaa kan qabu barsiisuu, beeksisuufi akeekuu duwwaaf osoo hintaane jireenya addunyaa dhugaa keessa jiraannuu calaqqisiisuuf gahee guddaa qaba. Fayyadamtootni adda addaa sirba akka meeshaatti gargaaramuun seenaa dabarsuu, seenawwan darbaniifi ammaa waliin walqunnamuufi hawaas-dinagdee saba tokkoo addeessuuf gahee akka qabu akeeku. (Scandizzo, 2015). Kana malees, dhimmoota siyaasaafi dinagdee caalmatti dhiyeessuun beekama (O'Roarkfi kannen biroo, 2018). Kanaafuu, Walitti dhufeenyi dinagdeefi sirbaa jidduu jiruu kan adda hinbaanedha.

Gaheen sirbi jiruufi jireenya hawaasaa kallattii adda addaan ibsuuf qabu daran olaanaadha. Fakkeenyaaf, walitti-bu'insa babbal'isuu, dhaabsisuuf karaa hedduu salphaafi filatamaadha. Addunyaan sirbaan bakka mijataa bashannana qabu, hiriyyummaan itti uumamuufi jannata boqonnaa sammuuti (Zrinka, 2015).

Dabalataanis, sirbi walitti hidhamiinsa cimaa hawaasa jidduutti gama walqunnamtiin, bashannanaan, yaadannoo, gadda, gammachuufi waliin jireenya kabajuu keessatti qooda olaanaa qaba. Sirbi jiruufi jireenya hawaasaa keessatti akka mi'eessituutti gareewwan hawaasaa mara keessatti tajaajila (Amanda, 2013).

Sirbi jiruufi jireenya hawaasaa walitti hidhuun beekama. Gaheen yookiin faayidaan sirbi hawaasa bal'aaf qabu nama dhuunfaa tokkoofi hawaasaan kalaqamee saba bal'aa walitti dhiyeessa. Walitti hidhaminsi hawaasaa kuni kallattii lamaan kan adeemsiifamudha. Hawaasni bal'aan yommuu sirba dhimma isaa ilaallatu dhaggeeffatu ilaalchaafi yaada sammuun qaamaan osoo walirraa fagaatee jiruu tokkummaa uuma. Kallattii biraan immoo qaamumaan gareen hawaasaa walitti hidhamiinsa cimaa akka uummatan isaan gargaara (Savagefi kannen biro, 2020).

Sirbi meeshaa ittiin addunyaa kana hubannu keessaa tokkodha. Kana cinaatti sirbi madda beekumsaa keessaa isa tokkodha. Sirbi dhala namaa faana walitti hidhamiinsa guddaa qabaachuun waan isatti dhagahame addeessuufi ibsuu, amantaafi dhageettiisaa kan ittiin agarsiifatudha (Glowacka Pitet, 2004). Dabalataanis, sirbi aadaa hawaasaa ibsuufi itti fufsiisuuf shoora olaanaa kan qabudha. Sirbi karaa gadfagoo ta'een ergaa tokko kan dabarsudha. Sirbi muuxannoo kanaan dura argamee, dhagahameefi amaleeffatameeti. Putri C.fi kanneen biroo (2022) akka ibsanitti, Walaloon sirbaa tokko jechootaafi itti

fayyadama afaaniitti dhimma bahuun muuxannoo qabu kanaan kanneen biroo amasiisuuf kan raawwatamudha. Sirbi walitti qabama miiraa kanneen akka abdii, hawwii, gammachuufi marartummaa hawaasichaa ibsuuf kan ooludha. Walaloon sirbaa maalummaa ergaa darbu sanaa kan amansiisudha. Ergichis karaa inni ittiin hubatamus seenaa walaloo sirbaa kana keessa jiruuni.

Sirbi dandeettiiwwan afaaniifi guddina dhala namaa faana walitti dhufeenya gaarii kan qabudha. Kallattii ittiin miira namootaa ibsatuufi ergaa gad-dhokataa dabarsuuf shoora olaana qaba. Kallattii ittiin ergaa dhokataafi qeeqa hawaasaa dhiyeessuu keessaa tokko dubbii qolaa gargaaramuuni (Damono, 2020). Dubbiin qolaa adeemsa ittiin jechoota yookiin gaaleewwan hafee adda addaa keessatti gargaaramuun ergaa garaagaraa dabarsanidha.

Dandeettiiwwan afaanii adda addatti gargaaramun ergaa dabarsuu walaloo sirbaa Markoem (2017:21) akka ibsutti, "*Metaphors which are the use of words or phrases with different literal meanings can be found in literary works, one of which is song lyrics. According to song lyrics can be used to convey messages….*" jedha. Dubbiin qolaa adeemsa barreessaan jechootaafi gaalewwanitti fayyadamuun ergaa dhokataa ittiin hawaasichaaf balballoomsanidha.

Sirbi hawaasa keessatti sirbamu tokkoof faayidaawwan adda addaa qaba. Hawaasa keessatti tajaajilawwan bu'uuraa kana gadii keessaa tokkoon bakka bu'a. sirbi daandii ittiin miira keenya ibsanudha. Ergawwan hawaasa tokko jiruufi jireenya isaa keessatti bu'aa bayiiwwan isatti dhufan mara sirbaan ibsachuu danda'uu isaati. Inni biraan sirbi daandii walqunnamsiisaa ofiifi kanneen birooti. Sirbi akka meeshaa guddaa nama dhuunfaafi hawaasa yookiin hawaasaafi hawaasa jidduu jiru qeequufi walitti dhiyeessuuf iddoo olaana qaba. Kana malees, akka bakka bu'aatti gargaara. Jiruufi jireenya garee hawaasa tokko bakka bu'uun fakkoommii gaarii ta'ee hawaasicha mul'isuu mala. Dabalataanis, Martin (2009) akka ibsetti, gochaalee yookiin taateewwan hawaasa keessatti raawwataman qindeessuun dhiyeessa

Sirbi meeshaa walqunnamtii namni tokko miira gaddaafi gammachuun hawaasa tokkoo ittiin dabarsudha. Kana malees miira isa tokkoo gara isa biraatti dabarsuuf kan tajaajiludha. Sirbi miira yookiin dhageettii ofii ibsuu duwwaa osoo hintaane miira isa dhaggeeffatuu irrattillee dhiibbaa kan uumu (Endale, 2021). Dabalataanis, ibsama aadaa, dinagdee, siyaasaafi dhimma gochaalee

hafuuraa darbee, ammaafi kan dhuftuu ibsuuf kan ooludha. Kana keessatti ibsuu duwwaa osoo hintaane dhimmoota hawaasaa adda addaa qeequuf kan tajaajiludha.

Haalli ijaarsa hawaasaa walaloo sirbaa keessatti bifa lamaan raawwata. Ilaalchi yookiin dhiyaannaan inni jalqabaa gama barbaachisummaa sirbaan hubatama. Gama eenyummaa hawaasaa fakkoommii garaagaraan faayameefi aadaa hawaasa darbee dhiyeessuun kan ammaa qeequun dhiyeessa. Inni lammaffaan immoo gama dhiyaannaa ijaarsaani. Sirbi eenyummaa haawsaa bifa haaraan ijaaruufi kan diigame yoo jiraate immoo qeeqee deebiisuuf kan ooludha (Stoke, 1994).

Haaluma kanaan sirbi haala itti jiruufi jireenya hawaasichaa utubu Endale (2021) Chapman (1989) eeruun yommuu ibsu, sirbi shaakala jireenya guyyuu keeessatti eenyummaa hawaasaa ijaaruufi daanga hawaasa keessatti mul'isuuf gahee olaana qaba. Kana malees, aadaa garee saba tokkoo eeguufi kununsuu cinaatti dandeettii walhubannaa hawaasaa barsiisuun walitti dhiyeessa. sirbaan gaarummaa qabu jabeeffachuun laafina qabu immoo walqeequun kan gaggeeffatudha

Gama jalqabbiifi seenaa sirba Oromootti yommuu dhufnu immoo seenaan muuziqaa hawaasa Oromoo warraaqsa aadaa faana kan walqabatudha. Adeemsa warraaqsa hawaasa Oromoo keessatti gaheen sirbi qabu olaanadha. Warraaqsi hawaasaa kan uumamu babal'atiinsa magaalaan walqabata. Akka fakkeenyaatti warraaqsa gurraachoota Ameerikaa keessatti raawwatameef babal'achuun magaalotaafi industuriiwwan gahee olaanaa kan taphatedha. Babal'achuun magaalaa walitti dhufeenya, walqunnamtii, barnootaafi qabeenya dinagdee hawaasaa dabaluu keessatti daran ol'aanadha (C. J. Robison, 2003).

Bifuma kanaan warraqsi aadaa uummata Oromoos magaalota adda addaa keessatti eegalee ture. Magaalota seenaa akkasii raawwatan keessaa tokko kan taate magaalaa Dirree Dhawaadha. Bara 1960 Warraaqsa aadaa uummataa baay'ee barbaachisaafi murteessaa ta'e magaaluma kana keessatti beektotaafi baandii Arfan Qalloon kan hundeeffamedha (Teferi, 2006). Baandiin Arfan qalloos seenaa guddinaafi dagaagina sirba ammayyaa Oromoo keessatti iddoon inni qabu hedduu ol'aanadha. Gama kanaanis dagaagina aadaa hawaasa kanaaf qooda kan qabanidha. Gareewwan baandii kana keessatti qooda olaanaa fudhachaa turan keessaa muraasni kanneen akka Alii Birraa, Alii Shaboo, Shantam Shubbisaa, har'as artistiin

kuni sagalee uummata Oromoofi aadaa Oromoo ta’uun beekama (Mohammad, 2003).

Qorannoowwan kanaan walfakkaatan kanneen dalagaman kan hinmaxxanfamiin jiran keessaa Soofiyaa Huseen (2019) Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirboota Miidhaafi Diddaa Oromoo Ibsan: Kan Bara 2013-2018tti” jedhuun Yuunivarsiitii jimmaatti sadarkaa MAtti kan dalagdedha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas walaloo sirboota miidhaafi diddaa Oromoo baroota sana keessaa jiran gama adda addaan kan mul’istedha.

Ashannaafiifi Lachiisaa (2024) waraqaa qorannoo “Waamicha Araaraafi Waloomaa: Xiinxala Ergaawwaniifi Fakkoommii Sirba Galaanaa Gaaromsaa- “Duraanuu” jedhu waraqaa sadarkaa PhDtti kan dalaganidha. Xiyyeeffannoon waraqaa kanaa sirbaan araaraafi tokkummaa sabaa gaafachuu, muuziqaan araaraa jiraachuu kan argisiisedha. Kanamalees, galmi Oromoo sirna Oromoo fakkaatu ijaaruu ta’uu akeekeera.

Kanumarraa ka’uun qorannoowwan kana olii dalagaman kana cinaatti waraqaan kuni qaawwa gama isaan hintuqiin hafan irratti xiyyeeffachuun kan dalagamedha. Qorannoon armaan olitti dhiyaatan kuni qaawwaa gama qeeqa hawaasummaa walaloo sirbootaa irratti kan xiyyeeffate miti. xiyyeeffannoon waraqaa kanaa qeeqa hawaasummaa walaloo sirboota Oromoo filataman irratti kan xiyyeeffatedha.

**Malleen Qorannoo**

Qorannoon kuni qeeqa hawaasummaa walaloo sirboota Afaan Oromoo filataman keessatti argaman jedhu irratti kan xiyyeeffatamedha. Kana galmaan ga’uudhaafis saxaxa qorannoo ibsaafi mala qorannoo akkamtatti dhimma bahameera. Sababni isaas ragaaleen qorannoo kana keessatti dhiyaatan jechaan xiinxalamanii kan dhiyaatanidha. Qorannoo kanaaf walaloowwan sirbaa Eebbisaa Addunyaa kan jedhu mala iddattoo miti-carraa keessaa tooftaa iddatteessuu akkayyoon kan filatamanidha. Maddi ragaa qorannoo kanaas walaloo sirboota kanneeni madda ragaa tokkoffaadha. Ulaagaan walaloo sirbaa kuni filatame sirboota Afaan Oromoo jiran keessaa hangafaafi dhaggeeffatamummaan isaa olaanaa warra ta’an keessaa ta’uusaati. Kunimmoo yaadiddama qorannoo xiinhawaasummaan sirriitti yoo xiinxalame kanneen biroof daandii ta’uu danda’a jedhameeti.  Walaloo sirboota kanarraa ragaan yommuu fudhataman tooftaalee funaansa ragaa sakatta’a barruutti gargaaramuun kan guuramanidha. Ragaaleen kuni mala qorannoo akkamtaan kan xiinxalamanidha.

**Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee Qeeqa Hawaasummaa Walaloo Sirboota Oromoo Filataman: Xiinxala Ergaawwan Sirboota Eebbisaa Addunyaa**

Waraqaan qorannoo kuni dhimma qeeqa hawaasummaa walaloo sirboota Afaan Oromoo filataman jedhuun ragaalee funaanaman irratti xiinxalaafi hiika kennuun kan xiinxalamantu dhiyaata.

**Sarbama mirgoota Namummaa**

Mirgi guutuu namni tokko qabu mirga uumamaafi diimokiraasiiti. Qaamni mirga kana biyya tokko keesssatti qabu abbaa biyyaati jechuun nidanda'ama. Kanaafuu, Oromoonis biyya koo irratti ofiin ofbulchee abbaa biyya Oromoo ta'uutu narra jira jedhee gaafachaa turee abjuufi gaaffii isaa kana qabatamaan mirkaneessuuf yeroo adda addaatti qabsoo gaggeessaa jira. Sabni tokko Mirga ofiin ofbulchuu yoo qabaate gaaffii abbaa biyyummaa mirkaneeffachuu nidanda'a. Hawaasti kunis qabsoo gaggeessaa tureefi har'as gaggeessa jiru wellistootni adda addaa walaloo sirbootaan dhiibbaafi rakkoolee gama mirga abbaa biyyummaan ka'an niqeequ. Murannoo mirga ofiifi biyyaa kabachiisuuf aarsaawwan kaffalamuu qaban akeeku. Mirgaafi biyya ofii kabachiifachuufis aarsawwan kafalamuu qaban hunda kafalaa turaniiru. Kafalaas jiru. Walaloo sirbaa asii gadii kun isuma akeeka:

*Beela'ee dheebodhee waanan nyaadhuus dhabee*

*Tasa hinirraanfadhuu waanan keessa darbee*

*Aayyookoo boontuukoo naadaakii galaakoo*

*Jiraannaan nanyaadhee duunaan saadaqaakoo*

Walaloo sirbaa sarara (1, 2) bo'oo walaloo 1ffaafi 2ffaa irraa kan hubannu sirna qabsoo uummata qabsoo sabaa keessatti beela'uufi dheebochuun kan jiru yommuu ta'u, qabsoo haadhawwaa gaggeessuu cinaatti Oromootni marti biyya kana akka biyyaatti birmadummaashee eegsisanii itti fufsiisuuf rakkinaafi gidiraa keessa darbuu akka qabu mul'isa. Cunqursaa, dhiibbaa, saamamuu biyyaafi haqni dhibe sanatti qabsoo hadhawwaa geggeessuuf murteeffatanitti rakkina yeroon booda hafuuf jecha birmadummaa biyyaa dabarsaanii akka hinkenninee akeekkachiisa. Dabalataanis, qaamootni qabsoo saba kana keessaatti hirmaatan muudannoowwan dhimma biyya isaanii irratti isaan dhaqqabu mara obsuun qabsoo akka fiiniinsaan argisiisa. Kana cinaatti immoo kanneen gara fuulduraatti gara qabsoo uummata kanaatti makamuu barbaadanis rakkinootni kuni akka jiran beekuun akka ofqopheessan akeekkachiisa.

Jaalalaafi aarsaa namni tokko biyyasaaf jecha kaffalu Greg (1999:236) jaalala haadhaa kan

biyyaa faana walbira qabee yommuu ibsu, Saba Oromoo keessatti jaalalli haadhaa olii hinjiru. Wanti gatii jabeessi jalaala kanaa oliis hinargamu. Kanaafuu mucaan dhiiraa tokko yoo fuudhes dhiyeenyaan haadhasaatti hafa. Akkuma haadha ofii jaallannu Oromiyaas nijaallanna, haata'uu malee biyya abbaa keenyaatis. Qabeenyummaan lafaa kan dhiiraan yoo waamamu gama qulqullinaan immoo dhalaatti fakkeessuun dhiyeessee qeeqa.

Itti dabaluun sarara (3,4) keesattis qabsoo siyaasaa, birmadummaa biyyaa, qabeenyaa, aadaa, sabaafi eenyummaa keessatti kanneen lolarratti hirmaatan qofa osoo hintaane kallattii adda addaan qooda fudhattootni hedduun jiru. Miseensootni hawaasaa gariin gorsaan, kaan immoo qabeenyaan, kanneen biroon yaadaan, beekumsaan, miseensootni biroon meeshaalee waraanaa dhiyeessuufi gootaaf gala dhiyeessuu akka qaban akeeka. Seenaa qabsoo uummata Oromoo keessatti qaamootni hawaasaa marti qooda olaanaa qabu.

Kanuma cinaattis dhimma qabsoo saba Oromoo keessatti gootota dirree waraanaa deemaniif galaa qopheessanii akka isaan duulanii bilisoomsaniif ni onnachisu. Sababiin isaa kanneen asii olitti tuqaman kanneen yoo onnachisanii qabsootti hingalchine cunqursaafi dararriin saba Oromoorraa akka hindhaabanne waan amananiifi. Namoonni gara duulaa deemanis kan beekuun akka galaa gudunfituuf gaafatu. Karaa biraatiin ammoo, haadholiin ofiisaanii duuluun bilisummaa sabaafi lafa Oromiyaa bilisoomsuu keessatti gumacha isaanii ba'u. Cunqursaa saba isaanii jibbuun dubartoonni Oromoo hanga qabsoo hidhannootti kan qabsa'aa turaniifi jiran kumaafi kitila ta'uusaanii addeessuun hawaasa mara onnachiisa. Abbaa biyyummaa Oromoofi Oromiyaa mirkaneessuuf beela'uun, dheebochuufi wareegama hanga lubbuutti kan gaafatu ta'uusa akeeka. Mirga abbaa biyyummaa kana gonfachuuf immoo hawaasni Oromoo marti gahee mataa isaa bahachuu akka qabu kan akeekuudha. Qaamni hawaasaa marti kutannoo, cichaafi gootummaa cimaadhaan falmuu akka qabu akeeka. Dhiibbaa, dararamniifi dukkanni kuni akka ammaatti hafuu akka hinqabneefi abdiin mirga abbaa biyyummaa jiraachuusaa hawaasa mara qeequun kakaasa.

Kana malees, walaloon sirbaa Eebbisaa Addunyaa namni hunduu daangaa biyyasaa eeguu akka qabu ilaalchisuun garee hawaasaa mara qeequun maal akka gochuu qabu mul'isa.

*Eenyusheen eenyusheen daangaa Oromoo*
*lixu irra ejjettee mormashee kuttu*
*Goraadee qarattuu eenyusheen morma diinaa*
*kuttuu eenyusheen*

*Reettiin midhaan fixxee eenyusheen kaatee chuchuu jettuu eenyusheen*
*Eeboofi gaachanakoo eenyusheen qawweenis haadhootuu eenyusheen*
*Waardiyaa dhaabbadheen eenyusheen siineega biyyakoo eenyusheen*

Walaloo sirboota armaan olii kunis haala kamiin hawaasni kuni biyya isaa eeguu danda'u sabichaaf akeeka. Hawaasni tooftaa kamiin mirga abbaa biyyummaasaa mirkaneessuu akka danda'u ibsa. Oromoof lafti isaa lafee isaati. Kanaaf, dhiibbaa mootummoota abba irree mormaafi lolaa ture. Sirni Eebbisaa kunis qaama lafa Oromiyaa tuqee akka gooradee, gaachana, eeboofi qawween fayyadamuun ofirraa dhorkuu akka qabu ergaa jedhu of keessaa qaba.

Sirnoonni garboomsataa yeroo garaagaraa keessatti dachee Oromoo qircachuun haa fudhatan malee qabbaaneffatee ta'ee nyaatee hinbeeku. Akkuma bosonuu marga dheedduu bibirrataa jiraataa turanis jirus. Roorroo alagaan itti dhufes sirboota isaan gargaaramee diddaa geggeessa. Diddaa isaa keessattis karaa nagayaafi hidhannoodhaan geggeessaa ture. Sirbi Eebbisaas kana keessatti ga'ee leencaa qaba. Kana jechuun sirbi Eebbisaa Oromoon dammaqee lafa, sona, aadaa, duudhaa, eenyummaa, lafaafi siyaasa isaa akka eeggatuuf, gumacha guddaa qaba. keesumaa iyyuu, waggaa arfan darban qeerroofi qarreen dammaqee tokko ta'ee haqa Oromoo falmee mootummaa wayyaanee akka kuffisu keessatti sirbi Eebbisaa gahee guddaa taphatee ture.

Walumaagalatti, Hawaasa Oromoo yeroo garaagaraatti mirga abbaa biyyummaa isaa kabachiifachuuf qabsoo hadhaa'aa gaggeessaa tureera. Qaamoota mirga abbaa biyyummaasaa irraa mulquu barbaadan waliin diddaan bifa adda addaan gaggeessaa turuun kan mul'atudha. Fedhiin qaama biyya bulchuufi hawaasaa wal hinginne taanan waldhabbiin bifa adda addaan mul'achuun isaa hinhafu. Isaan keessaa diddaan tokko yoo ta'u innis bifa adda addaan calaqqisa. Akka walaloo sirboota kanarraa hubannutti Oromoon biyya abbaa mirgummaa dhabe.

Kanarraa kan ka'e biyyasaa irratti biyya dhabe, lafasaa irratti qabeenya dhabe, dhalchee ilmoosaa dhabe, barsiifatee beekaasaa dhabuufi iyyee nama jalaa qabu dhabe. Walaloon sirbootaa kuni erga waan sabni kuni dhabe ibsaniis fallisaa maal akka ta'es kan akeekanidha. Gareen hawaasaa kamuu mirga abbaa biyyummaa isaa jalaa fudhatame deebifachuuf akkasumas kan harkaa qaban immoo tokkummaan eeggachuun barbaachisaa akka ta'e kaa'a. Kanaafuu, seenessitootni walaloo sirboota kanaa qaamni kamuu abbaa biyyummaa isaa mirkaneeffachuu kan qabu

daangaa ofii waliin ta'uun eeggachuun dirqama akka ta'e ibsu.

**Haqa Dhabuu**

Hawaasni Oromoo dhiibbawwan sirnoota bulchiinsa mootummoota darbaniifi jiranii keessatti haqa barabaachisu dhabuu isaa walaloo sirbaan dhageesifachaa qeeqa. Sirna bulchiinsa mootummoota jiranii keessatti dhugaan tajaajilamuu akka qabu akeekuunifi kana tahuu yoo baatee qeequun hawaasichi akka dammaqu taasisa. Kanas walaloo sirba Eebbisaa Addunyaa mata duree 'Arrabaan' jedhu keesatti yommuu qeequ.

*Arrabaan nusobaa afaan qawweetiini*
*Meeqa kan guurame mana hidhaattii*
*Badii tokko maalee hanga du'aattii*
*Meeqa kan qalamee qe'eesarrattii*

Bo'oon walaloo sirbaa kuni akkaataa kamiin miidhaa sirni mootummaan hawaasarran gahaa jiru kan ibsuudha. Sirni mootummaa yeroo sanaa (ADWUI) hoogganamu bara 1983ALI irra kaasee afaanii mirga sabaafi sablammootaa kabachifna, mirga lammiilee hunda ni eegsiifna, namni kamuu afaan ofii fedheen nidubbata, dimokiraasii dagaagsina, naannooleen marti ofiin ofbulchu, namni kamuu mirga waan barbaade hordofa, lafti kan uummataati, qabeenyiifi mirgi martuu kan uummataati jechaa kan turanidha. Garuu waan isaan uummata biyya kanaa bulchuuf waadaa galan marti soba akkanni ta'e, sobaafi dubbii haqa hinqabneen akka isaan bulchaa turan addeessaa. Kana qofa osoo hintaane qawweedhaan doorsiisaa, ajjeesaa, buqqaasaa bulchaa kan turanidha. Sirni mootumma tokko qawween gaafa uummata bulchu ajjeesuuf, balleessuuf, dhabamsiisuuf, mirga namoomaafi dimokiraasii sarbuun, qabeenyaa saamuun, aadaafi seenaa balleessuun, hidhuun, dararuun bulchuu isaanii kan qeequdha.

Sirna bulchiinsaa, dubbii, waadaafi lallabbii sobaa kana kanneen morman, sirna bulchiinsaafi gaggeessummaa mootummaa yeroo sanii kan morman, dhugaaf kan dhaabbatan, bulchiinsi sirna qawwee nugaha jedhanii kan falman marti gara mana hidhaatti guuramaa turuu isaanii kan mul'isa. Manni hidhaa saba Oromootiif diina. Yakkaafi badii tokko malee dhiibbaan hagana hinjedhamne mana hidhaa keessatti isa irra ga'aa ture. Yaadni kun ammoo manni hidhaa jiraachuu hinqabuu bakka bu'aa osoo hintaane nama yakka dalagetu yakka dalagerraa akka baratuuf keessatti to'atamee amala isaa fooyyeffata malee nama dhugaa gaafateefi falmate miti. Sabni Oromoo garuu, dhugaa qabu waan gaafateef mana hidhaa keessatti gidirfamaa akka jirufi miidhamuu isaa qeeqa.

Dararama qaamaa, aadaa, afaan, sabummaa, miga namummaa, xiinsammuufi lubbuu akka

geesisaa turan ibsuuf kan gargaaramedha. Tooftaafi icciitii isaan itti gargaaramanii saba kana miidhaa turan biroon immoo qe'eefi qabeenya isaarraa buqqisuudhaan. Sababa kanaanis uummatni Oromoo kallattii gara lamaan qe'eefi qabeenyasaa dhiisee godaanaa tureera. Gariin sababa Oromoo ta'eefi sirna bulchiinsa mootummaa mormeef qofa biyyuma keessa nannoo tokkoo gara naannoo birootti buqqa'uun tasgabbii dhabaa turuusaadha. Kallattii biroon immoo kanneen lubbuu ofiif sodaatan immoo gara biyya anbaatti godaanaa turaniiru. Gama biroon immoo qaamootni hedduun sababii dhugaaf dhaabbataniif, falmaniif saba kanaaf biyyasaa irratti, araddaa isarratti, qe'eef qabeenya isaarratti namootni hedduun kan qalamanii akkasumaan dhugaan isaanii kan hafe ta'uu mul'isa.

Walumaagalatti, walaloon sirbaa armaan olii kuni taateewwan, gocha, icciitii sirna bulchiinsaa, dararama uummataa, dubbiifi raawwii mootummaa yeroo sanaa kan mul'isu cinaatti taateen sun har'allee kan jiru ta'uusaa kan argisiisuudha. Kunimmoo amalli walaloon sirbootaa qabu kan har'a keessa jiran ibsuu qofa hintaane isa gara fuulduraatti tahuuf jirullee raagee dhiyeessuuf shoora olaana qaba. Dararamni jiruufi jireenya hawaasa kana gama adda addaan biyya isaa keessatti irra gahaa jiru akka dhaabbatu dhaamu.

Kana malees, walaloon sirba Eebbisaa Addunyaa haqa dhabuu hawaasaa yommuu qeequ walaloo sirbaa kana gadiin dhiyeessa.

*Haati dhiiraa boossee lafa gaangalaattee*
*Mucaakoo du'amoo gala laata jettee*
*Hinbooyiin aayyookoo ani diinaan waraanaa*
*Dudduubatti hinhafnuu walii wajjiin kaanaa*

Haati daa'imasheef qaamashee waan ta'eef, itti dhabdee, rakkattee, arrabsamtee, ofiishee gad ofbuustee waan guddistee haati kamuu ilmooshee nijaallatti. Mammaksi Oromoos "Haati dhabduu malee hamtuu hinqabdu" kan jedhu kanumaafi. Haati ilmooshee hammamiyyuu yoo dhabde ilmoosheef hamtuu akka hintaaneefi yoomiyyuu hamaa kan yaadu miti. Ilmooshee kanas baay'ee waan jallattuuf dirree waraana deeme ajjeessuuf yookiin du'uu keessaa tokko waan hin ooleef yaadoo qabdu ibsa. Kanaafuu, baroota sana keessaa haadholiin hedduun sammuun isaanii sodaafi yaaddoo guddaa keessa akka jiran addeessa. Dabalataanis, haati akka biyyaa ofiitti waan bakka buutuuf rakkooleefi gidiraan oromiyaa qabatee jiruu haadha fakkeessee waloo isaati fayyadamuun kan qeequdha.

Wanti hubatamu ilmi Oromoo haadha isaa yaadee guyyaa tokko haqa isaa falmachuuf duubatti deebi'ee hinbeeku. Kanaafuu, hinboo'iin ayyoo koo an diinan waraana' jechuun haadha isaa jajjabeessa. Onnee haadhaa keessatti jaalalaafi kabaja ishee qabu bifa walaloo sirbaati fayyadamee ergaasaa dabarsa. Diina loluu duwwaa osoo hintaane hamma mo'uun harmeesaa barabaraan boossu kana boqochiisuuf kutannoo qabu dhiyeessa. Diina waraannee mo'uun haadha Oromoo bilisoomsuu, duubarraa kallattii hundaan haadha Oromoo fuulduratti fiduufi waliin dhaabbatanii qabsoo Oromoo akka fuulduratti dhufu taasisuun barbaachisaadha. Tooftaa ittiin deessee isaa boqochiisuu keessatti immoo ilmaan Oromoo marti tokkummaan humnaan gatii akka qabu namni kamiyyuu akkaataa dandeettii isaan diina ofirraa ittisuu qaba. Furmaani qabsoo sabaa keessatti injifachuuf qophaa qophaatti loluu irraa akka sabaatti tokkummaa uumuun waaliin hiriiruu akka ta'e dhaama.

## Moggeeffamuufi Loogamuu Hawaasaa

Haala waliin jireenya hawaasichaa keessatti moggifamuu, qoqqodamuufi loogamuu hawaasicharra gahu sirbaan kan addeessanidha. Sabni Oromoo biyya Itiyoophiyaa jedhamtu bira darbuun gaanfa Afrikaarratti illee guddaa tahe kuni wantoota garaagaraan faffaaca'aa jiraachuusaa ibsuuf kan gargaarameedha.

*Kan Oromo maal laataa yaa ijoollee haadhoo walgaareeffataa*
*Walharkaa nyaatee dhugee dudduubaan walhamataa*
*Akka waan alaa dhufee kutaadhaan walciccita*
*Maanguddoon biyyaa keenyaa Mee araara nuukadhaa*

Abaarsa qaabna laata, abaarsa qabnaa laata.

Uummatni Oromoon bal'inaan Itiyoophiyaafi Afrikaa irratti beekamaa ta'e kuni rakkina inni qabu keessaa inni guddaafi hangafni rakkoo addaan faffaca'uu yookiin loogamuu akka ta'e nibsa. Daangaan loogamuu uummata kana eessaa kaasee akkanni hidda godhatee obboleewwan lamaan yaada walfaalleessu qabaachuu, waldhagahuu dhabuun maatii jidduu, tokko kan kootu caalaa jechuun waldhagahuu dhabuun akka jiru mul'isuun qeeqa. Akkuma Oromoon "lafee lafeen cabsu" jedhu sana qaamuma tokko ta'ee jiraachaa ture haadhoo garaa tokkoo sababa ilaalcha siyaasaan addaan looguun facaasaa kan turan ta'uu ibsa.

Kana malees, isa tokko ofitti qabanii faayidaa adda addaa kennuun isa biroo immoo maqaa biraa itti moggaasuun garaa tokkoo akka waljibbu, wal lolu, adda bahanii akka diinaatti wal ilaalaa akka jiraatan kan taasisanidha. Dabalataanis, immoo maatii, aantee, firoottaan

walharkaa nyaatanii dhugan, tokkummaa kan qaban fakkaatanii, gaarummaa kan waliif oolaan, gaafa rakkina kan waltumsan irraa duuba deebi'ee walirratti akka odeessuu calaqqisiisa. Sababii inni tokko kaanirraa moggifamuu yookiin loogamuun qaama tokko tahanii wal amanuu dhabuu, waa'ee walii alagaafi firatti walhamachuun rakkina saba kanaa akka tahe balballoomsa.

Walqoqqoodinsi kunniin gariin akka waan alaa dhufetti yommuu odeessuu, gariin immoo kutaan, godinaan, loogaa dubbiin, dhiyeenya siyaasaan, qabeenyaan, sadarkaa jireenyaan akkanni walqoqqoodu callaqisiistuudha. Rakkina yeroo dheeraa ture kanaaf maanguddootni addaan cicciramuu saba kanarraa baraaranii biyya tokkummaa cimaa qabdu dhaabuu akka danda'aniif adaraa guddaa dhaama. Loogamuu, moggifamuufi faffaca'uu kana itti gaafatamummaan kan foyyeessuu, tokkoomsuu, walitti qabuu, waliigaltee ganamaatti deebisuu kan malu manguddoota ta'uu ni akeeka. Kana malees, maanguddootni waan cabe kan deebisan, danbii bulmaataa iddootti kan eegan, wallaalaafi beekaa kan walitti firoomsan walumaagalatti madaallii jireenyaa eeganii akka deemaniif iddoo olaanaa kan qabaniidha. Kana malees, aadaa bulmaata uummata Oromoo keessaa waan iddoodha gadhiisee, safuu iddoodha bade, rakkina itti dhufee jalaa ooluuf, rakkoosaaf furmaata kan argatu waaqa uumaa irraa qabaachuusaa mul'isa dhiyeessuun kan qeequdha.

*Naaf siihinaafanii moyyaaleedhaa nubaasanii*

*Naaf siillee hinaafanii areeroodha nubaasani*

*Hinaaffaan duruu jiraa Faaxee garaa jabaatiinii*

*Hinaaffaan duruu jira shiina garaa jabaatinii*

Bo'oowwan walaloo kuni Ciminaafi tokkummaa akkasumas kutannoo uummatni kuni qabu hubachuun karaa ittiin saba kana mooggisan, looganiifi faffacaasan yookiin gargar qoqqoodan kan ibsudha. Loogamuun garee hawaasaa gara biraatti taasifamu mirga kennuun achuma keessaa aangoofi iddoo garaagaraa kennuun kaan moggisuun akka jiraatan akeeka. Haala kanaan tokkummaa uummata kanaa akka gargar faffaca'u jaarmiyaasaa kana diiguun akka ta'e akeeka.

Dabalataanis, hangam shirriifi qoqqoodiinsii jiraatuyyuu abdii kutattee adda akka hinbaane ibsuuf ammo walaloo sirba kana jedha. Akka mallattootti maqaa Faaxeefi Shiina jedhamanii haa fayyadamuyyuu malee dhugumatti dhimma isaanii tahuu mala. Maqaaleen namoota kanneeni lameenii amantaawwan uummata Oromoo kana keessa hordoftoota olaanaa qaban lamaan bakka bu'e. Kanaafuu, hawaasa Oromoo amantaawwan kannen

hordofan taatee ta'e, raawwii raawwatame kanneen ilaalanii abdii akka hinkutanne gargariis akka hinfacaane akeekkachiisuun qeeqa. Sababni isaas yaadniifi ilaalchi isaanii amanta isa tokkoofi faayidaa ta'e tokko kennanii kaan immoo bukkeetti jibbisiisuu, amantaan addaan addatti cabsanii uummaticha adda cabsuuf waan yaalaniif. Addaan loogamuu hawaasa kanaa ofiisaa jaallatee osoo hintaane dirqamee sababa siyaasa dinagdeen kan dhaqqabeedha. Tooftaa addaan faca'uu kunis haala lamaan gaggeeffame ta'uusa mul'isa. Tokkoffaa namootaafi qabsaa'oota hedduu naannoofi biyya kana keessaa ari'uun gara biyya ambaatti bittimsuu yommuu ta'u, inni lammaffaa immoo asuma naannoofi biyya kana keessatti sababa ilaalcha siyaasaa, dinagdeefi kan kana fakkaataniin addaan qoodanii bulchuudha. Kanafuu, sabni kuni sababa kamiinuu akka adda hinqoodamneefi hinfaacaane kan argisiisanidha. Kana malee, walaloon sirbaa Eebbisaa Addunyaa loogamuufi moggifamuu hawaasaa yommuu qeequ

*Kan garaadhaaf jettee Oromoo gurgurtee*
*Maal taate maraattee maadhii natti taatee*
*Seenaan siigaafata gaafa ABO'n dhufuu*
*Dhiigni ilmaan oromoo dhangala'ee hinhafuu*
*Lubbuun ati ajjestee gorraatee akka sa'a*
*Ekeraansaa iyyee hirriiba siidhowwaa*

Namootni eenyummaa ofiifi kan sabasaanii dhiisuun faayidaa mataasaanii yommuun calchifatan ni argama. Haaluma kanaan jalqaba faayidaa mataa isaanii caalchifachuun biyyaafi saba isaanii dabarsanii kan gurguraa turaniifi ammas kan jiran hedduudha. Namootni faayidaa mata saaniif jecha Oromoota kumaatamaan lakkaa'aman ajjesiisan, mana hidhaatti naqan, kaan biyyaa bahan gariin ammoo qe'ee qabeenya isaarra buqqisiisaniru.

Namoota tokkummaafi aadaa waliinjireenya saba kanaa dhiisanii alagaatti michoomanii icciitii Oromoo alagaaf dabarsanii kennuun qoqqoodmaa hedduu fidaniiru. Faayidaafi fedhii mataasanii guuttachuuf aadaa isaanii dhiisanii kan ormaa, afaan Oromoo dubbachuurraa afaan ormaan dubbachuun alagaaf kan hojjechaa turan hedduudha. Gariin immoo Oromummaaf kan quuqaman fakkaachuun waliin mari'achuun icciitii Oromoo alagaafdabarsanii kan kennaan hawaasa kana keessa akka jiran addeessa.

Dabalataanis, gocha aangoo yeroo muraasaaf jecha saba kana kanneen gananiifi ammas ganaa jiran kan dabalataanis lubbuu namaoota hedduu akka namaatti osoo hintaane akka sa'aatti ajjeesifamaniif itti gaafataman abbaadhuma akka ta'e addeessa. Har'a gochaa badaa dalagdan kanaf namni yoo isin

gaafachuu dhiise ekeraan nama du'eeyyuu sammuukee siiceepha'ee nagaa siidhorkaa. Ekeraan erga namni du'een booda fakkaatti nama du'e sanaa fakkaachuun kan mullatudha. Ekeraan fooniifi lafee hinqabu. Ekeraan kuni kan ati dabarsitee kennuu hindandeenye, ajjeesuu, cabsuufi hidhuu hindandeenye gochaa kee dhufee sitti asaassuun boqonnaa akka dhorgu kaa'a. Namootni raawwii akkasii raawwatan har'aaf waan fayyidaa argitanii yoo waan dabaa hojjetaniyyuu gaabbii sammuu keessaan keessaa jalaa akka hinmiliqne dhaama.

Dimshaashumatti, miidhaan hawaasa Oromoorra gahaa ture keessaa tokko faayidaa irratti kan hundaa'eeni. Faayidaan kunis daantaa mataa ofiif jecha faayidaa saba bal'aa cinaatti dhiisuun ofiif dhaabbachuudhaani. Tooftaa ittiin saba kana ganaan keessaa immoo faayidaa adda addaa yeroof jedhanii sabichuma keessa bahanii sabichuma miidhaa turaniiruu. Taateen kuni hanga ammaatti jiruufi jireenya hawaasa kanaa keessatti itti fufee kan jirudha. Namootni dantaa mataa ofiif jecha saba kana rakkoo hamaa keessaa akka bu'u kan dalagaa turaniifi har'as kan jiran ta'uu kan jiranidha.

**Fakkoommiiwwan**

Gahee qabsoo mirga abbaa biyyummaa gaggeessuu keessatti namootni martuu qooda mataa mataa isaanii kan qabanidha. Wellisaan kunis walaloo sirba isaa kanaan qaamoota hawaasaa keessa tokko kan ta'an haadholiin gahee olaana qabu. Kanaafuu walaloon sirbaa kuni akkuma namni kamuu jaalala haadhaasaaf qabu jaalala biyyasaafis wareegama barbaachisu kaffaluun birmadummaan jiraachuu akka qabu fakkoommii kanaan waamicha dhiyeessa. Hawaasni kamuu akkuma haadhasaaf iddoo guddaa kennee jaallatu, biyyasaafis bakka olaanaa kennuun birmadummaa isaaf falmuu akka qabu dhaama.

Jechi aayyookoo /haadha/ jedhu fakkoommii garagaraatiin beekama. Haati nama deesse, haati buddeenaas nijirti. Haati waan baay'ee fakkaatti. Jalqabarratti goota dirree lolaa deemee diinasaafi kan sabasaa waraanu dahuurraa gumaachi isaanii daran olaanaadha. Dabalataanis, ijoollee guddisuun cinaatti utubaa manaa tahuun maatii gaggeessuun ciminni isaan qaban olaanadha.

Fakkoommiiwwan biroon askeessatti mul'atan seera uumamaatti bineeldootni, bineensootnifi allaattiiwwaan hedduun lafti barii jala gahuu isaa argisiisuuf sagalee nidhageesisu. Hawaasni kunis sirni barnoota haala ammaa

kanaan osoo hinbabal'atiin namootni barreessuufi dubbisuu hindandeenye walgegeddariinsa halkaniifi guyya, akkasumas kan waggootaa kan ittiin beekanidha. Hawaasni kunis sagaleewwan kanneen akka mul'istuutti fayyadamee halkan dukkana keessaa gara barii ifaatti akka deemu waan hubatuuf abdiin eeggata. Qaamootni yookiin namootni booru waan hojjetatan karoorfatanii taa'an gaafa sagaleewwan bineensotaafi bineelladoota kanaa dhagahanii hawwiin eeggatu.

Ittuma dabaluun akkuma namni gaafa sagaleewwan bineensotaafi bineeldota kanaa dhagahu bari'uuf akka jiru abdiin eegu hawwiin uummata Oromoo inni guddaanis barii arguudha. Namni dhuunfaan marti akkuma rafee ka'uuf barii lafaa eeggatu sabni kunis guyyaa guyyaadhaan, torbaan torbaaniin, ji'a ji'aaniifi waggaa waggaan hawwii dheebuu bilisummaa akka qabu argisiisa. Kanaafuu, namni hunduu dadammaqee bilisummaasaf falmachuu akka qabu akeeka. Hawaasni kuni yoo tokkummaa uume, walwalii isaa waliin yoo ta'e, yoo waldhaggeeffate hawwii bilisumaa baroota hedduu eegaa ture argachuunsaa dhiyoo akka ta'e argisiisa.

Kana malees, fakkoomiiwwan walaloo sirboota kana keessatti fakkoommiiwwan goraadee, eeboofi gaachanaa gootummaa mul'isuuf caalmaatti kan gargaaramedha. Meeshaalee kanneen fayyadamuun onneefi xiiqii walitti horuun biyya eeguu akka irra jiru hubachiisuun kanneen biroo gootummaa akkasii hinqabne ittiin qeequuf kan ooludha.

## Gudunfaa

Walaloon sirbaa adeemsa hawaasni tokko dhimma jiruufi jireenya isaa keessatti mul'atu kan ittiin ibsatudha. Dhimmoota jireenya isaa keessatti adeemsa ittiin wal- qajeelchuu, qeequufi dogoggora jiru karaa ittiin ibsuu danda'u keessaa tokko walaloo sirbaan ta'uusaa kan argamedha. Walaloon sirbaa adeemsa jireenya hawaasummaa keessatti qeequu danda'uu isaa mul'ateera. Walaloo sirbaa filataman kanaanis jireenyi hawaasaa waan badaafi gaarii hintaane karaa ittiin walqeequun daandii sirriitti walfidan akka ta'e kan ibsamedha. Ka'umsi qeeqa hawaasa kanaa inni jalqabaa waliigaltee dhabuu hawaasaa irraa kan madde ta'u bira gahameera. Hawaasti walitti dhufeenya isa jalqabaa cinaatti dagachuun sababa adda addaan walqooduun ka'umsa isa duraa ta'uusaa kan mul'ifamedha. Yaada kana deeggaru namoota ummata Oromoo keessaa bahan aangoofi faayidaadhaan qabachuun, akkasumas,

amantaan, lagaan yookaan naannooniifi gosaan akka walqoqqooduu/hiruu gochuun Oromoo Oromoodhaan rukkutuun akka ta'e ragaaleen seenaa ni addeessuu (Dirribii, 2016)

Koomiifi qeeqni walaloo sirbaa kana keessatti hawaasaaf dhiyaate keessaa dhimma sarbamuu mirga dhala namaati. Sababa sarbama mirga dhala namaa kanaaf immoo waliigaltee dhabuu akka ta'e cimsee kan qeequu ta'uusaa bira gahameera. Kanaanis, sarbama kana jalaa bahuufis tokkummaan wal-eeguu, faayidaa ofiif qofa dursa kennuu dhiisuun waliin taanee hawaasa keenya sarbamuu mirgaa namoomaa jalaa baasuu akka qabnu qeeqa isaa irraa kan hubatamudha. Yaaduma kana kan deeggaru Asafaa (2015) yoo ibsu heerii (FDRI 1995) bahe sabaafi sablammootaa biyya kanaaf haal-duree tokko malee mirga ofiin of bulchuu hanga fottoquutti keewwata 39 yoo beekamtii kennus sarbamni mirga dhala namaa raawwatamaa kan jiru ta'uu addeessa.

Walaloo sirbaa kana keessatti qeeqni hawaasummaa dhiyaate dhimma akka hawaasaatti haqa dhabamuun dararamaa jiraachuu isaa kan ibsedha. Haqni dhabuun hawaasaa kuni sossobbaafi sobaan kan walqabate ta'uu isaa bira kan gahamedha. Dabalataanis, haati ilmaan ishee dhabuun beenyaa ishee madaaluu dhabuun ammayyuu imimmaan cobsaa jiraachuun kan hubatamedha. Kanumaan kan walqabate moggifamuufi loogamuun hawaasaa gama adda addaan kan mul'ate ta'uu isaa bira gahameera. Kanamalees, fakkoommiiwwan kanneen akka haadhaa, eeboo, gaachanaafi goraadeen qeeqa jiruufi jireenya hawaasa keessatti kanneen hammataman ta'uusaa kan argamedha.

**Wabiilee**


Amanda, C. (2013). *The Use of Song Lyrics as an Expressive Arts Tool in Counseling*: A Literature Review.

Asafa Jalata (2015). *Theorizing Oromummaa:* University of Tennessee, Knoxville, Summer August, 2015. Available at: https://works.bepress.com/asafa_jalata/83

Brian O'Roarka, Kim Holderb & Dirk Mateer. (2018). From the Beatles to TwentyOne Pilots: Economics in Music in the Pop Culture Era. Perspectives on Economic Education Research, 2018, 11(1) 41-57

Cedric J. Robinson. (1983). *The making of Black radical tradition*: Zed Press.

Eshete Gemeda (2007). African Sociiety and Egaliterian values. Oromo Folklore Literature and Studies in a Contemporary Context. phD Thesis.

Glowacka Pitet, D. (2004). La música y su interpretation como vehículo de expresión y comunicación. Comunicar, 23; 57-60.

Martin, Clayton (2009). "The social and personal functions of music in cross-cultural perspective". Oxford: Oxford University Press.

Mesfin Messele (2000). Abbmvdde Oral Poetry in Soutlz Wallo: (MA Thesis). Addis Ababa University: Addis Ababa

Meyer, R.E. (2008). *Figures of Speech.* A study and aracticing guide. USA: teaching and learning Company.

Mohammod Hasan (2003*). In journal of Oromo study, Shaykh Bakri Saphalo (1895-1980): A Prolific Scholar and a Great Oromo Nationalist*, Middle Tennessee State University press

Neguss Yilma (2018). "Thematic Analysis of Selected Amharic Song Lyrics: A Sociological Approach". PhD. Thesis. Addis Ababa University (Unpublished).

P.L. Scandizzo (2015). Economic Development, Culture and Music. University of Rome "Tor Vergata

Pattison, Pat (2012). Similarities and Differences between Song Lyrics and Poetry.In Charlotte Pence (ed.) *the Poetics of American Song Lyrics.*United States of America: University Press of Mississippi, pp.122-133.

Savage, P. E., Loui, P., Tarr, B., Schachner, A., Glowacki, L., Mithen, S. and Fitch, W. T. (2020). Music as a coevolved system for social bonding. Behavioral and Brain Sciences. ISSN 1469-1825 doi: https://doi.org/10.1017/S0140525X20000333 Available at https://centaur.reading.ac.uk/95527/

Soofiyaa Huseen (2019). "Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirboota Miidhaa Fi Diddaa Oromoo Ibsan: Kan Bara 2013-2018tti" Qorannoo Digirii 2ffaa. Yuunivarsiitii Jimmaa. (kan hin maxxanfamne).

Teferi Nugusie. (2006). "Development of Oromo Literature Up to1991," MA Thesis SGS AA: AAU (Unpuplished).

Zrinka Mozara. (2015). The Role of Music in the Conflict- Tool of Reconciliation or a Deadly Weapon (Case Study of War in Former Yugoslavia). "Building Bridges of Peace and Reconciliation in Times of Greater Global Insecurity" (Berlin; December 10th - 13th, 2015).